



ABOUT

EDINBROOK ELEMENTARY

M/barumsaa sadarkaa tokkoffaa Edinbrook barattoota mana barumsaa daa'immanii duraa hanga kutaa shanaffaatti kan tajaajilu yoo ta'u, manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa 17 Manneen Barnootaa Naannoo Osseo keessa jiran keessaa isa tokkodha. Naannoon argama Edinbrook kutaalee Paarkii Biruukiliin of keessatti ni qabata.



CARRAA

Barataan kamiyyuu carraa barnootaa, hoggansaafi kaarikulamii waliinii irraa fayyadama.



DEEGARSA

Tokkoon tokkoon barattootaa baruumsa isaaniitiin sadarkaa olaanaatti akka ga'anii fi hawaasummaa fi miiraan akka guddatan ni gargaarra.



QOODAFUDHATTOOTA

Maatiin Michoonni, HyVee, Raising Canes,, Waldaa Maatii Waaqayyoo, Waldaa Clarity, Nyaata Hundaa, Tajaajila Ilkaan Daa'immanii, Zero Gravity, AVID, Miracle Ear Amplifon fi Northwestern kuni hundi ni hammatamu.



BARATAA J/GALEESSA GODHACHUU

M/baruumsaa Edinbrook keessatti barumsi, hojii cimaan, jaalalaa fi gaarummaan waltajjii giddugaleessa ni godhata.



BARUUMSA DIGITAL

Barattoonni meeshaalee dijitaalaa caalaatti bobba'aa, dhuunfaa fi ofumaan qajeelfamuuf fayyadamu.



TOLA OOLTUMMAA

Kutaa keessatti, imala dirree irratti, ykn duubaan gargaaruu yoo barbaaddan, bakka tola ooltummaa isiniif argachuu dandeenya!

IBSA FI XIYYEEFFANNOO EDINBROOK

- Oolmaan daa'immanii duraa walakkaa guyyaa bilisaa
- Barattoota hundaaf nyaata bilisaa
- Sadrkaa1 guutuu M/barumsaatti
- Mana barumsaa AVID sadarkaa biyyaatti beekamtii qabu (Advancement Via Individual Determination) .
- Guddina dandeettii, qormaata barnootaa fi tajaajila deeggarsa ni kennaa
- Sagaleen weellisuu, band fi orchestra
- Barattootaaf tajaajila barmuusa fedhii addaa
- Tajaajila daa'iman eeguu baruumsaan duraa fi boodaa
- Taateewwan maatii kanneen akka Family Bookwalk, Bingo fi Family Fun Night
- M/baruumsaa guutuutti BBQ
- Tajaajila gorsa barattootaa
- Sagantaa barnoota boodaa gumii Scottie Club kan gargaarsa barnootaa irraa kaasee hanga shubbisaatti carraa badhaadhina ni kennu

NAGEENYAA FI FAYYA QBUMMAA NAANNOO M/BARUUMSAA

Edinbrook haala barumsaa gaarii, nageenya qabu, simannaa, ho'aa fi qormaataa kan barattoota hundaaf galma guddina dhuunfaa galmaan ga'uu irratti xiyyeeffate ni dhiyeessa.

Edinbrook Manneen Barnootaa Fakkeenyummaa Itti Fufiinsa Qaban bara 2025 Minnesota's keessaa tokko ta'uun beekamtii argateera, Giddu-galeessa fi Deeggarsa Amala Gaarii. PBIS amala barattootaa, barnootaa, hawaasummaa, miiraa fi fayyaa sammuu ni deeggara. Hoggansi EB amala gaarii barattootaa kan deeggaru yoo ta'u, haala M/barumsaa kan fooyyessuu fi haala barumsaa kabajamaa kan uumu yoo ta'u ,kunis ga'umsa barattootaa akka dabaluu ni taasisa.

WALITTI DHUFEENYA HAWAASAA CIMAA

Waggaa waggaa barattoonni fi hojjettoonni Edinbrook hawaasa naannoo fi naannoo ala ta'aniif pirojektoota tajaajilaa fi maallaqa walitti qabuun ni gumaachu.

HOJJETTOONNI

75%

barsiisota Edinbrook's digirii lammaffaa fi isaa ol ni qabu.

85%

barsiisota Edinbrook's muuxannoo waggaa sadii oli ni qabu.

